Dhooqichaa osoo hin taane waa’ee pirojeektii jallisii xiqqaa waanjaa ibsa. Kanaafuu dorgoomaan kun akkaata ulagaa sandaa calbaasiitiin deebii hin keeninee.

- Dhaabbata misooma(government owned entity ) haala QD keewwaata 4.4 jalatti ibsamee kan guutu ta’uus, ulaagaan sanada calbaasii keessatti ibsame miiltoo waliin jedha waan ta’eef dorgomaan kun immoo miltoo waliin hin galchiine.kanaafuu bu’aan koree teekinikaa ittiin madaale sirriidha.

**Akka waliigalaatti dorgomaan Kun deebii hin keniine**

**Yaadaa Fi Deebii Koree Komee**

**1. Abrahaam Darajjee GC &GWWC**

- waraqaa ragaa qulqullina kaffaltii gibiraa(valid tax clearance) dhiiyaate afaan amaaaratiin yoo ta'u, sanada calbaasii gurguurame keessaatti QD 12.1 jalatti heeyyaamni adda addaa afaan calbasii hin ilaalaatu jedha. Kanaafuu waraqaa ragaa qulqullinaa Kun afaan calbaasiin ala yoo dhiyyaate rakina kan hin qabne ta'uu isaa hubannee jira. kanaafuu bu'aan koree teknikaa ittiin madaale sirrii waan hin taaneef irra deebiin yaa sirraatu.
    - bittaa mootummaa irratti akka hin hirmaanne( debared by Decision of FPPA)Akkaataa QD4.3 ibsameen Miiltoo waliin dhiyaachuu qaba kan jedhu sanada calbaasii keessatti ibsamee jira. Yaa ta'u malee dorgoomaan Kun miiltoo waliin walqabiisisee hin dhiyeesine. kanaafuu bu'aan koree teknikaa ittiin madaale sirrii ta'uu adda baasnee jirra.
- Aaangoo Aangessuu( power of attorney) qabachuu isaa kan adda baasne yoo ta'u, yaa ta'u malee sanaada calbaasii gurguurame keessatti QD 12.1 jala afaan calbasii afaan oromoo ta'uu qaba jedha garuu dorgomaan kun afaan caalbasiin kan hin galchiine ta'uu isaa adda baafannee jirra. Kanaafuu dorgoomaan kun akkaata ulaagaa gaafatameen deebii hin keniine.

**Akka waliigalaatti dorgomaan Kun deebii hin keniine**

**2. Yohaannis Lammii GWWC**

- Labsii galmeessaa daldaalaa fi heyyamaa lakk.980/2008 fi 1150/2011 kan isa foyyeesuuf bahe jalatti keeyata27(1)Heyyamni hojii daldalaa baroota baajata Adoolessa tokkoo(1) hanga muddee soddomaa(30)ykn bara baajataa galmeessise dhumaa kaasee ji'oottan jahan(6)n jiran keessatti haaromfamuu qaba jedha.Kanaafuu heyyaamni dorgomaa kana bara baajataa 2017 waan haroomseef hanga muddee 30/2018 ittin dalaguu waan danda'uuf bu'aan koree teekinikaa ittiin madaale sirrii waan hin taaneef irra deebiin yaa ilaalamu.
- Bittaa Mootummaa irratti akka hin hirmaanne (debared by Decision of FPPA ) ta'uu kan ibsu gabatee dhiyyeesi calbaasii keessatti ibsamee jira. Yaa ta'u malee gabateen dhiyyeesi calbaasii sanaada dorgomaa keessaa jiru kan suphaa iskiimii

Guyyaa 10/04/2018

# Beeksiisa

**Dhimmi:- Deebii Komii Firii Teeknika Suphaa Iskimii Beeksiisu Ta'a**

Akkuma armaan Olitti ibsuu Yaalametti Ijaarsa Suphaa Isikimii Caalbaasiin ifaa bahee Sanadni Teekinikaa gaafa 24/02/2018 baname Xinxalliin gaggeefamee, dhabbatoota komii qaban akka dhiheeffatna gaafatame ture.

Haaluma kanaan Dhabbatootni Komii Dhiheeffatna

1. **Abraham Darajje GC & GWWC** Projeektii Suphaa Waanjaa irratti
2. **Yohannis Lammii GWWC** Projeektii Suphaa Dhooqicha yoo ta'u firiin koree komii haala armaan gaditti dhihaate jira.

**Nagaa Wajjin**

Dammaqach G/Giyoorgiis
Daayirektara Bittaa